# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** — جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 05/05/2014 تاريخ
Date:

Lakk.: 04/stm - abo/2014 رقم
No.:

**Tarkaanfiin Humnaa Yoomiyyuu Furmaata Rakkoo Siyaasaa hin tahu!**
*Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo*

Ummatootni Itoophiyaa bittaa Wayyaanee jalatti miidhaa ol aanaa irra gahu irraa yeroo gara garaatti bifa adda addaan mormii isaanii dhageessisaa turan. Bulchiinsa dimokraatawaa irra, abbaa-irrummaan nam-tokkee fi murna aangoo irra jiruu dagaagfamuun, wal qixxummaan ummatootaa haalamee, kan murna aangoo qabaatee jiruu dhugoomfamuun, saamicha daangaa darbeen hiyyummaan babal'atuun rakkoolee ummatoota Itophiyaa hudhanii qabanii fi jireenya gadadoof saaxilani dha. Ummatni Oromoo addatti gabrummaa jala erga galee gadadoo ilmi namaa baachuu hin dandeenye.en dhiphamaa as gahe.

Rakkoolee siyaasaa Itophiyaa keessatti mul'atan kanneen furuuf gaaffiin karaa nagaa godhamu gurra dhaga'u dhabuu irraa ummatoota obsa fixachiisee gara fincilaatti jijjiiramuu irraa lubbuu fi qabeenya galaafataa akka turee fi jiru dhokataa miti. Yaaliin ummatootni karaa nagaa mirga isaanii kabajsiifatuuf adeemsisan mootummaa Wayyaanee biratti fudhatama dhabee ajjeechaa, hidhaa fi dararaa adda addaan ummatoota caalaatti miidhuu fi dhiphisuun tarkaanfii sirna aangoo irra jiruun fudhatamaa jiru dha. Ammas taanaan kanaan alatti furmaatni biroo kan itti hin mul'atne tahuu, sochii nagaa barattoota, dargaggoota fi ummata Oromoo irratti tarkaanfiin fudhataa jiru haala hin mamsiisneen mirkaneessa.

Gaaffii barattootaa fi ummata Oromoo irraa karaa nagaa dhihaate nagaan deebisuu irra mootummaan Wayyaanee humna filatee guyyaa saafaa tarkaanfii fudhateen lammiilee Oromoo kudhanootaan lakkaa'aman ajjeesee kudhanootaan madeessuu fi qabeenya hedduu barbadeessuun haqa torbee dabre Oromiyaa bakkoota adda addaatti raawwatamee fi hundi argee fi dhaga'e dha.

Mootummaan Wayyaanee tarkaanfii gara-jabinaa fi faashistummaan fudhate kanaan hin quufne tarkaanfii caalaatti ummata wal ficcisiisuu fi walitti diinomsu fudhataa jiraachuun ammoo dhugaa kan biroo mul'atuu fi maalummaa mootummaa Wayyaanee caalaatti saaxiluu fi hubachiisu dha. Sirni murna aangoo dhuunfateen durfamu kun abdii kutannaa irraa sodaa isaaf waahela barbaacha dhalattoota Tigraay barnoota irra jiranii fi ummata keessaa hidhachiisuutti tarkaanfatuun, garamitti akka geessuu barbaadu hubachuu feesisa.

P.O. Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153886 Email: abo.abo976@gmail.com, *www.oromoliberationfront.org*

Addatti ummata Tigraay keessaa kanneen dhiira tahan Finfinnee keessatti ganda gandaan Kalaashii (AKM- Sniper) Chaayinaa irraa bite mataa mataan hidhachiisaa jira. Gochaan kun balaa Itophiyaa keessatti Wayyanneen qopheessaa jiru sadarkaa biraatti ol tarkaanfachiisaa akka jiru agarsiisa.

Kana malees sirni Wayyaanee barattoota Oromoo Yuniversiitiilee adda addatti barnoota irra jiran barnoota dhiisanii akka deeman dhiibbaa ol aanaa irraan gahuutti dabalee, Yuniversiitiilee gara garaa keessaa kitaabota dhimma Oromoo qaban filee guuruudhaan dhabamsiisuu irratti argama. Tarkaanfiileen kanneenis tarkaanfiilee abdii kutannaa fi farrummaa tahuun hin falamsiisu.

ABOn tarkaanfiilee sirni Wayyaanee ilmaan Oromoo fi ummatoota biroo irratti fudhataa jiru haalaan balaaleffataa, tarkaanfiin kun ummata Oromoo qofa osoo hin taane ummata fayyaaleyyii fi kanneen mirga isaanii gaafatan hunda irratti kan xiyyeeffate tahuu yaadachiisa. Tarkaanfii fudhatame kanaan dhiiga ummata nagaa kamiyyuu dhangala'uufis kan itti gaafatamu sirnicha tahuu garanumaan beeksisaa, ummatootni hundis meeshaa waraanaa ummatoota adda filuun qoodamaa jiru kana akka balaaleffatan hubachiisa. Kanneen dhaloota Tigraay tahanii fi Oromiyaa keessa jiraatan, meeshaan mootummaan Wayyanee isaan hidhachiisaa jiru balaa biraa fi yakka biraaf isaan saaxiluu irra darbee, akka isaan hin fayyadne gorsaa, akka mootummaatti of irraa deebisan waamicha godha. Wabiin keessan ummata waliin jiraattan waliin nagaa qabaatuu fi mootummaa farra-ummataa kanaaf tajaajiluu dhaabuu qofa akka tahe yaadachiisa.

Mootummaan Wayyaanee yeroo fi haala amma geenyee jirru kanatti, rakkoo fi gaaffii haqaa ummatni Oromoo dhiheessa jiruuf deebii quubsaa kennuun alatti, tarkaanfiin humnaa kamiyyuu furmaata akka hin tahiin ABOn irra deebi'uun gadi jabeessee hubachiisa.

Qabsoo ABO fi Ummatni Oromoo godhaa jiran, mirga ofii deebifachuu fi sirna gabroomfataa of irraa darbachuuf tahuu ummatoota hundaaf carraa kanaan ifa goona. Qabsoon Bilisummaa Oromoof godhamu ummata kamuu irratti kan xiyyeeffate miti. Akka sagantaa siyaasaa ABO 1976 irratti jalqabumaa kaasee lafa taa'eetti, ummatootni Itophiyaa keessa jiran hundi fira qabsoo bilisummaa Oromoo ti. Oromiyaa bilisoomte keessattis heeraa fi seera biyyaa kan kabaju, ummata kamuu irraa kan dhalate, jiraaatuu fi hojjatuuf mirga qaba.

Kanaaf, ummatootni hundi olola sirna cunqursaa fallaa kanaa oofamuun dhaamotuu dhiisanii Qabsoo Bilisummaa Ummata Oromoo sirna cunqursaa waliin wal hudhee jiru kanaaf deggarsa guutuu akka kennan ABOn waamicha godhaaf.

Ummatni Oromoo gaaffii haqaa mirga isaa kabajchiifatuuf qabatee ka'e alaa fi keessaan murni hawaasa Oromoo hundi akka wal qabatee socho'u, waanjoo gabrummaa jaarraa tokkoo fi walakkaa irratti shamee jiru of irraa darbatuuf harka wal qabatee akka sochii isaa finiinsu waamicha isaa gadi jabeessee dabarsa.

**Injifannoo Ummata Oromoof!**
**Adda Bilisummaa Oromoo**
**Caamsaa 5, 2014**